
GATII GALFATA GAMEESSAA

Kitaaba Asoosamaa seenaa dhugaarratti hundaa'e!

BARREESSAAN

FAYYISAA HIRPHASAA TAAYYEE

Mudde 2023/2015

© Fayyisaa Hirphasaa Taayyee 2023/2015

Mirgi barreessaa safuu fi seeraan kan eegameedha. Abbaan qabeenyummaa barruu kanaas barreessaa kana qofatti kan daanga'edha. Seenaa barruu kana keessatti barreeffameefis itti gaafatamummaa guutuu ni fudhata.

All right reserved!

Gulaaltota

1. Ifargan Guddataa (BSc)
 - Barsiisaa fi Barreessaa
2. Nuurasaa Kumalaa
 - Barsiisaa

SEENSA

Waa'ee kaleessaa dubbachuuf waanti qabatamaan jiraachuu qaba. Waa'een kaleessaa hin barreeffamne taanaan jireenya har'aa jiraachuunis ta'ee egeree ofii milkaa'aa ta'erratti fuulleffachuuf danqaa keessa nama galcha. Kan dhaloota har'aa mudate dhaloota boruu akka hin mudanneef barruun qabatamaan jiraachuu qaba. Taateen barruu kana keessatti ibsame iddoo Tulluu beeftii jedhamu irratti kan xiyyeeffatedha.

Tulluun beeftii godina shawaa lixaa, Aanaa tokkee kuttaayee magaalaa Gudar irraa gara lixa Oromiyaatti tilmaamaan kiilomeetira kudha shan irratti kan argamu yoo ta'u, Amboo, midaa fi kkf yeroo dhabaattee ilaaltu fagootti mul'ata.

Barreessaan barruu kanaa asoosama seenaa dhugaa irratti bu'eereffate kana kan barreesse quuqama wal laqinsa seenaa dhaloota ammaa keessa jiruuni. Namoota maqaan isaanii eerame muraasa waliinis firummaa dhiigaa kan qabuu fi seenaa isaaniin boonaa, miidhama isaaniif eela aadaa nama jiraatudha.

GALATA

Hunduma dura galanni kan uumaati. Waan hundumaa irratti na gargaaree xiyyeeffannoo mul'ata kiyyaa kan naaf milkeesse.

Itti aansuun abbaakoo fi haadhakoo osoo ofiif hin baratiin akkan baradhu na taasistan, galannii fi jaalallin isiniif qabu dachaadha.

Akkasumas obboleessa kiyya Addisuu Hirphasaa, qaanqeen jaalala Aartii Oromoo kan ati ijoolummaa kiyyaan natti facaaste kaleessaa irraa hanga har'aatti keessa kootti laboobaa Jira. Waan hundumaa keessaa isa ati, “Hiyyummaan cubbuu miti; namni hiyyeessi nama sammuu hiyyoome malee nama qarshii hiyyoome miti” nan jettee fi, “Seenaa hojjedhuu darbi” jettee na gorsite galmee yaadannoo bara baraa sammuuukoo keessatti galmaa'ee waan jiruuf yoomillee hin dagadhu. Galatakee ibsuuf waanan jedhee ibsutu na dhiba. Galannikee ifa bara baraa ha ta'u!

“Namni waan dubbachuu barbaade dubbatee ibsuu dadhabuun waan nama gaddisisudha” kan naan jette waa malee miti. Hiriyaakoo qaalii barsiisaa fi barreessaa Ifargan Guddataa, galatan siif qabu ibsuuf jechoonni ittiin si ibsuuf filadhe hundi isaanii madaala naaf kaasuu didan. Ati hiriyaakoo qofa miti; barsiisaa kootis. Na gorsuun na jajjabeessitee akkan barruu kana dhalootaaf gumaachuuf ogummaakee hundaan milkeessiteetta. Kanaaf galannikee adda! Ati ana qofaaf osoo hin taanee Aartii Oromoof qaaliidha. Umurii dheeraa fi fayyaa gadamsaa rabbi siif haa kennuu!

Galatoomaa!

DHAAMSA

Yeroo baay'ee dubbisuun gaariidha. Sababni isaa namni dubbisee waa bara. Dubbisuun immoo gara waa barreessuuti nama geessa. Kan har'a waa barreessetu immoo dhaloota boriif gala kaa'a. Akkuma Oromoon, "Kan harkaa qabu yoo darbate doqna miti" jedhu waan beeknu uummata keenyaaf gumaachuun gaariidha.

Namni barruu kana dubbistee waa hubata, yoo hubatemmoo waanti kun akkami jedhee qorata, irra caalchiseesimmoo barreessa jedheen yaada. Atis waan beektuu fi dandeessuun dhaamsa, galaa fi seenaa bara darbee jiraatu Oromoof gumaachuun abdii dhaloota egeree ta'i!

YAADANNOO

Yaadannoon barruu kanaa obboleessa kiyya ijoolummaan gargar baane, jechuun, duuti dirqiin gargar nu baaste jaalala addaa ani qabuuf, Jaalalli isaa akka siidaa yaadannootti eenyummaakoo keessa jiru, **Maammushee Hirphasaa** fi namoota biyya kana ijaaruuf lubbuu isaanii jijjirraa hin qabne dabarsanii kennanii seenaan isaanii osoo hin barraa'in hafeef naaf haa ta'u!

Waa'ee halkan gaafichaa yoo kaasan ammayyuu namoonni safuu jedhu. Qaqawween gaafasii gurraan dhaga'uun hammam akka ulfaatuu fi sodaachisu ibsuun daran ulfaata. Calaaqqeen samii irraa calaaqqisu akka qaqawween irratti xiyyeeffatuuf waan haala mijeessu fakkaata. Roobni galgala sana roobaa tures waan samiin banamee gadi nam'u fakkaata. Lolaan lafarra yaa'us akka bara Nooh waaqayyo biyya lafaa kana ittiin adabuuf bishaan badiinsaa gad lakkiseetti fakkeeffama.

Gaafas **Citiin** loon eegaa osoo jiruu **Gaaddiseen** qoraan guuruuf gara Ejersa beeftii bakka Citiin jiru deemtee qoraan guuruu eegalte. Sana dura Citiin Gaaddisee baay'ee akka jaalatuu fi ishee waliin jaalala jalqabuu akka fedhu guyyaa tokko laga kolbaatti argee itti himee ture. Isheenis erga kana dhageessee soda jaalalaan doorsifamtee halaalatti isa dheessiti. Safuu, tokko jaalatee barbaada tokko jaalatamee dheensa!

Gaaddiseen mucayyoo waggaa kudhaniiti. Reefuu barnoota kutaa 3ffaa barachaa jirti. Garuu bareedinni ishee dargaggeessa meeqa jilbaan hoofeera. Kaan hidhii itti nyaata, kaan yaa rabbii kankoo taasisi jedhee wareega, kaan marga kutee mataa isheerra buusa. Mucayyoo magaala luuccaan rifeensa ishee dheerinni isaa farda sakaaludha - Gaaddiseen.

Konkonni funyaan ishee akka tulluu beeftii olka'ee dhaabbata. Ilkaan ishee aannan caala waanti addaatu waan hin jirreef aannanittan fakkeessa. Mucayyoon daa'ima reef hin guntutneyyuu maaliif akka dargaggeessi shamarran ol adeemtuu (kichuu) kan bultoo hin taaneef karaatti cabsuu barbaadu naaf gaaffiidha! Shammarran haadha, haadhoo, haadha manaa fi ilmoo dhiiraati. Garuu meeqa kan jaalala sobaan miidhamtee bakka geessu gahuu dhabde.

Gabaabumatti namni yeroo sana bareedina Gaaddisee hin ajaa'ibsiifanne bareeda hin beeku jechuudha! Citiin waggaa kudha lama umriin isaa. Garuu jaalalli bakkaa fi umurii hin filatu; Eeyyeen hin filatu! Citiin yeroo kana kutaa 6ffaa barata.

Guyyaa tokko osoo Gaaddiseen kophaa ishee laga bishaanii deemtuu argee qabee gadi lakkisuu dide. “Akkan si jaaladhu siif himeen ture ergasii maaf na dheensitaa?” - gaaffii Citiin ture. “Na gadhiisi, an waan akkasii hin fedhu” jetteen Gaaddiseen harkasaa ofirraa gadhiifachuuf yaalii taasisaa. Falmii irra osoo jiranii **Abbaan Eebbisaa** Gudarii galuuf gaangee yaabbatanii osoo deemanii itti dhufan. Yemmus Citiin nahee Gaaddisee gadhiisee, Abbaa Eebbisaan nooruu jedhan lachuun isaanii – Citiin fi Gaaddiseen.

Abbaan Eebbisaas dargaggoon corqaawwan kun maal akka wal falman hin galleef. “Nibaruu guddadhaa; akkam biyyi nagumaan oolee?” jedhanii gaafatan. “Eeyyee” jechuun deebisan ijoolleen dubbii jaarsaa ofirraa fixanii dhimmi isaaniitti deebi’uu barbaadan kunneen lamaan.

Abbaan Eebbisaa eenyu jettee yaadaan hin dhiphatiin wayyoo ana haa nyaatu Abbaa Eebbisaakoo; osoon waa'ee keessan anuu beekuu baadhee wayya ture. Sababni isaas namni waan arge tokko dhalootatti himuu akkamitti dadhabaa? Abbaan Eebbisaa bara mootummaan dargii hoomacho mooraa waraanaa taasisuuf jecha qonnaan bulaa lafa isaanii irraa buqqise keessaa nama tokko turan. Lafa isaanii gad lakkisuun loonii fi ijoollee fudhatanii gara naannoo biraatti godaananis bakki sun jireenyaaf mijachuufi didnaan gara beeftii dhufuun qubatan.

* * * * *

Citiinis gubaalessa **Abbaa Jaalataa** keessatti loon eega ture. Gaaddisee naannootti argee dubbise. Aduun dimimmisa gara sa'a 11:00 ta'a. Duumessi gurraacha'ee karaa tulluu beeftii gad rarra'ee ture. Bokkaan karaa tulluu beeftii dhufe immoo osoo hin roobiin hin darbu. Bifa samiin mul'ise gaafas ibsuun ulfaatús Citiin loon gara manaatti galchuuf re'oota

walittii qabuuf bosona keessa oliif gad fiigus milkaa'uu hin dandeenye. Roobni sun samii irraa bubbu'uu eegale.

Gaaddiseen Citii waamtee gara isaatti fiigde. Safuu! Dur ni dheensiti har'a itti dheensuufi, “bineensi wal nyaattu gaaf kan ishee nyaatu dhufe boolla tokkotti baqatti” jedha Oromoon. Citiin qola madaabaraa kan yeroo roobni roobu uffatu yeroo roobni caamu maree akka Gonfoo(kooffiyaatti) ittiin aduu of irraa dhorku mataa isaarra kaawwatu san hiikee uffatee Gaaddisees hamma gahe itti uwwisee laaftoo tokko jala dhaabbatan. Bubbeen (karfaffuun) waan ol fuudhee nama baatu waan fakkaatuuf dhaabachuun isaaniif hin ta'u. Kanaaf wal keessa rurruuqamanii, wal dhudhiibanii bakkuma jiranitti ofirra gadi taa'an.

* * * * *

Abbaan Eebbisaa erga gara beeftii dhufanii booda lafa isaanii mootummaan irraa waan kaaseef lafa namaa qixxee qotaa ijoollee barsiifachuu jalqaban. Nama kabajaa beekaniifi nama araarsuun jireenya hawaasummaa uummata naannoo sanaa waliin hariiroo hiriya hin qabne qabu. Waan hin qabne ergifachaa waan qaban ergisaa duudhaa fi safuu eeganii akka barataniif ijoollee isaanii gorsaa jireenya itti fufan. Dhugaa dubbachuuf garraamummaa isaanii namni beeku har'ayyuu garaatu booha.

Citiin ijoollummaan maatiin isaa irraa du'anis mana Abbaa Jaalataatti galee loon eegaa barnoota isaa barata. Yemmuu barnoonni isaa ganamaa yeroo gale, yeroo barnoonni isaa galgalaa immoo dursee loon yaasee eegaa barumsa barata. Abbaan Jaalataa waa'ee barumsaa wallaalanis Citiin akka baratu eeyyamaniifii jiru. Akkuma ilmoo isaaniitti ilaalu. Yaa Abbaa Jaalataa, maal godhu! Egaa namni qajeelaan dachee kana irra umurii dheeraa hin jiraatuhoo!

Dabalataan waa'ee maatii Citii namni bareechee beeku abbaa Jaalataa waan ta'eef Citiin osoo haalli hin mijanneef maaliif barata kan jedhuuf hirbuu (imaanaa) abbaan isaa **obboo Xiiqiin** itti kennan baatee waan jiruufi. Mucaan waggaa kudha lamaa dur imaanaa baata, imaanaa abbaa isaa! Har'a garuu namni sabni imaanaa itti kennateyyuu ni baataa? waan jedhuuf ana mooji!

Egaa Abbaan Eebbisaa akka naannoo sanaatti nama gara laafessaa fi beekaa, arjaa turan. Ijoolllee **abbaa Irreensootti** aanees namni beeftiidhaa barate ijoolllee isaaniiti. Eeyyeen dhalli namaa baratee rakkoo fura, kaan immoo rakkoo uuma. Hundaafuu barnoonni dhala namaaf gaariidhahoo!

* * * * *

Citiin Umuriin isaa waggaa torba yemmuu turetti Abbaan isaa obboo Xiiqiin waamanii akkas jedhaniinii ture. “Yaa mucaakoo, Taaddasaa Birruu akka barannuuf barnoota nuuf dhaamee du'e; Ani barachuuf haalli natti ulfaatuu si barsiisuuf duubatti hin jedhu; Nan dubbisa, nan barreessa; Kun immoo baradhe hin jedhamu! Kanaaf bor mana barumsaa sin geessa. Barumsa galtee baratta” jedhaniin. Citiinis, “Tole Abbaa! Taaddasaan eenyu?” jedhee gaafate. Gidduma kanaan **aadde Kumeen**, “Bunni danfeera jedhan” jettee haasawa isaanii addaan kutuuf yaalte. Aadde Kumeen haadha manaa obboo Xiiqiiti!

Abbaan Eebbisaa ijoollee barsiisaa itti gaafatamummaa uumaan itti kenne namaaf waan gaarii yaaduu rakkoo namaa furuuf nama yaalan malee nama rakkoo uumuu yaadan miti. Keessumaa birraan yeroo bari'u ayyaana masqalaa irratti waanti tokko baramee jira naannoo beeftiitti. Innis namoonni akka afooshaatti horii qalmaa bitanii bakka tokkotti qalatanii waliin nyaatanii dhuganii waaqa dukkana gannaa gara booqaa birraatti dabarse galateeffatanii kan hafe gargar qooddatanii gara mana isaaniitti galu. Yeroos kan waaqa galateeffatuuf keessaa Abbaan Eebbisaa nama tokko turan. Aadaa fi safuun isaanii fi maatii isaanii irraa mul'ata. Osoo kabajaan bifa qabaatee Abbaa Eebbisaa fakkaata.

Akkan beekutti ofiif osoo hin baratiin ijoollee qaqqaalii biyyaaf barsiisan!

* * * * *

Obbo Xiiqiin, “Tole, buna jabaa jedhi” jedhan. Aadde kumeenis, “Buna jabaa” jedhan. Obbo Xiiqiin, “Bunni jabaa miti yaa waaq situ jabaadha, waaqa shanan galaanoo, waaqa lamaan buluudoo, waaqa torban kuttaayee, waaqa tulluu beeftii uumte nus irratti uumtee, irraa gora dogoggora nu oolchi, siif dhaabne nuuf dhaabbadhu” jedhanii buna irratti kadhatan.

Akkuma bunni eebbifamee dhugamuu eegaleenis Citiin kan deebiin isaa hin deebineef keessa isaa nyaachaa ture irra deebi'ee, “Taaddasaan eenyu Abbaa?” jedhee gaafate. Obbo Xiiqiinis, “Taaddasaan ilma Birruu Kenneeti. Oromoof jedhee aangoo alagaa kan jibbeedha. Oromoo irraa dhalatee Oromoof jiraatee Oromoof jedhee du'e. Dhaamsi isaas ‘baradhaa lammiin barate gaaffii mirgaa gaafata’ jedhe. Ammaaf waa'een Taaddasaa kanuma bor yoo jabaattee baratte waa'ee Taaddasaa atuu nuuf himta akka inni jedhes taata” jedhan. Citiinis dubbii Abbaa isaa isa gadi fagoo kanatti raajamaa, seenaa Taaddasaa birruun qalbiin isaa akka fannifametti hafaa, dirqamee walii galan.

Bariitu ganameeffatanii ka'anii Citiin gara mana barumsaa geessanii galmeessanii galchan. Barumsa isaas itti fufe. Namni kamuu dhalatee ilaalcha ofii yookaan mataa isaa qaba. Obboo Xiiqiin mootummaa yeroo sana biyya bulchu waliin hariiroo hin qaban ture. Hin deeggaran jechuudha. Sababa kanaaf yeroodhaa yerootti deddeebi'anii hidhamaa turan.

Silaa seerri dhugaan akka barreeffametti lafa qabatee, namni ilaalcha siyaasa isaa akka fedhetti ibsatee, jijjiiramni daangaa maleessi akka biyya tarkaanfachiisu namuu hin haalu. Mirga jedhanii kennanii, maaf gooteen wal gooluun baayyateetu namuu sodaan dhaanamee afaan qabate. Kanatus biyyi tokko akka fincaan gaalaa akka duubatti deemtu taasisa, dorgommi siyaas-diinagdee addunyaa keessaas baasa.

Obboo Xiiqiin mana hidhaa aanaa irraa hanga qaallittiitti hidhamanis deddeebisanii hidhaa hiikaa akka ilaalcha isaanii jijjiirratan mootummaan gaafatus hidhamuu mitii du'ayyuu nan simadha malee adiin gurracha, dukkanaa ifa hin jedhu jedhanii didan. Baga didan waan hin feene akkamitti deeggaru? Obbo Xiiqiin maatii isaanii fudhatanii gara magaalaa Gudariitti galan.

Citiin reef kutaa 2ffaa barata. Maatii isaa duukaa gara magaalaa Gudar galees barnoota isaa itti fufe.

Abbaan Eebbisaa ijoollee isaanii barsiisanii erga bakka qabsiisaniin booda warra gaayilaaf gahan shamarran heerumsiisanii dhiiras fuusisan. Nama Sangaa hin qabneef sangaa kennu, nama qarshii gaafateef qarshii kennu, nama sa'a hin qabneef sa'a kennanii elmachiisu. Qottuu galfatanii qochisiifatu. Tiksee loon eegsifatu. Kana gidduun namni mana isaanii gale akka qabeenya horatuuf gorsu. Of danda'ees baha. Ijoolleen isaaniyyuu nama gargaaru. Abbaa isaanii irraa waan barataniif akkasuma nama tokko waliin wal dhabdee hin qaban. Amma egaa dullumnis dhufaa waan jiruuf fagoo hin deeman; loon isaanii to'achaa kan huqqateef fala kaa'u. Araddaa isaanii ilaalanii maal akka barbaadu dhiyeessuuf.

* * * * *

Obboo Xiiqii irraa hidhaan hin dhaabanne. Hojii humnaa hojjechaa aadde Kumeen immoo farsoo naqanii gurguraa maatii jiraachisu. Obboo Xiiqiin galgala gaaf tokkoo Citii waamanii, “Hanga gaafa barnootakee xumurtuutti hin fuudhiin. Jaalala yoo jalqabdemmo gaafa hiriyaakee waliin wal bartu xalayaa kana banii dubbisiif, kennaas kenniif. Hanga gaafa barnoota kee xumurtuutti iddoo sirrii kaawwadhu bantees hin dubbisiin” jedhanii itti kennan.

Citiinis, “tole” jedhee giiphii isaa keessa keewwatee gara kutaa ciisa isaa deemee baruulee isaa dubbisuu eegale.

Halkan gaafasichaa waraanni mootummaa balbala isaanii rurrukute. Aadde kumeen ittoo hojjechuuf hundee diimaa muraa jiru. Citiin kutaa ciisa isaa keessa taa'ee qayyabachaa jira. Basaasaan ollaa isaanii obbo Xiiqiin meeshaa Akm(kilaashii)dhaan akka waraana eeggatuu fi yeroo kamuu kilaashii baatee akka deemu, kanaaf immoo waraanni akka dursu akeekkachiiseera. Oromootu Oromoo ajjeesisa! Yaa nuyii! Har'ayyuu haadhoon haadhoosaa ajjeesisa qarshiif jecha. Ormi immoo qarshiidhuma Oromoo Oromoof kennee wal basaasisa, maal godhu? Warri akkasii kun itti gaafatamummaa seenaa jalaa hin bahan.

Balballi rukutamuu yemmuu dhaga'an obboo Xiiqiin gad bahan. Waan isaan hin eegnee fi hin yaannetu isaan mudate. Warri riphaniis isa eeggataa turan rasaasa akka bokkaatti itti roobsan. Aadde Kumeen akkuma haaduu ittiin hundee diimaa muran qabatanitti yemmuu gad bahan obbo Xiiqiin rasaasaan tumamanii kufanii jiru. Addee Kumeenis loltuu sana keessaa tokko morma keessa waraananii kuffisan. Yemmuus aadde kumees rasaasa obaasan jarri. Citiin waan ta'e dhaga'us sagalee rasaasaa yemmuu dhaga'u na'ee kufee jira. Warri ollaa yemmuu birmatanii dhufan reenfa sadiitu

balbala obboo Xiiqiifaarra jira. Obbo Xiiqii, Aadde Kumee fi loltuu aadde kumeen waraantee ajjeefte. Akkana kunoo Aadde kumee koo erga du'uun hin oollee kuffisanii kufuun!

Akka kanaan namoonni birmatan reenfa kaasan. kaan Citiin fuudhanii mana yaalaa geessan, kaan reenfi haa qoratamu jedhan, kaan dhiisaa beekamaadhahoo jedha. Gidduun jarri humna dabalattee deebitee reenfa loltuu isaanii kaasan. Kan obboo Xiiqiifaa ni gubna jennaan uummanni dura nu fixaa jedhee dide. Dhagaadhaan oliif gadi kaachisan. Warra rasaasa baatee deemu dhagaadhaan ari'an.

Akka har'aa kana isa hin godhiin malee, guddaa fi xiqqaan jaarsii fi qeerroon, jaartii fi qarreen tokkummaa qaba ture. Uummanni Oromoo waliif birmata ture.

Dhiyee bari'ees gaafa guyyaa gaggeessaa isaanii namoonni hirmaatan kaan ni dhaadata, kaan ni booha. Maal godhu birmannaan yeroon isaa darbe gaabbiidhahoo. Birmannaan yeroo isaa eeggate akka Aadde kumee nama boonsa.

Citiin reef of baree gaggeessaa maatii isaarratti hirmaate. Hiriya obbo Xiiqii kan turan Abbaan Jaalataa akkas jedhanii boohan. “Yaa Xiiqiikoo, hiriyaakoo gaaf tokko akka jarri kun si nyaattu ni beekna maal godhu garuu” jechuun boohan. Yemmuu reefi lama mana tokkoo bahu jarri deemtee balbala

obboo Xiiqii cufte. Mooraan obboo Xiiqii mooraa waraanaa fakkaata. Abbaaf haadha irraa ajjeesanii Citii qe'ee abbaasaas fudhatan. Kanumaan Citiin bakka dhaloota isaatti deebi'e. Qe'ee abbaa Jaalataatti galee barnoota isaa barachuu eegale. Dhaamsa abbaan isaa barnootaaf dhaameef galaa galaafate; kanaafi mana namaa galaa horii namaa eegaa kan baratuuf.

Xalayaa abbaan isaa itti kennes iddoo dhokataa isa malee namni biraa arguu hin dandeenye keewwateera. Yaada isaa keessatti xalayaa kana banee dubbisuu waanti jedhu hin dhufu. Guyyaa abbaan isaa jedheen abdiin eega, egeree isaa ilaalaa.

Mucaan waggaa kudha lamaa imaanaa baata. Imaanaa abbaa isaa, kaan immoo garaa isaa guuttachuuf imaanaa sabaa nyaata. Keenya hooda!

* * * * *

Guyyaa Jimaataa tokko ji'a Adoolessaa keessa Abbaan Eebbisaa loon isaanii mana namaa jirtu ilaaluuf manaa bahan. Galgala gaafasii roobni roobaa karfaffuun gara itti deeman nama dhorkaa cabbiin hamaan bubu'aa qaqawween qaqawwessa'e. Calaqkeen samii irraa calaqqisu namni kamuu ilaaluuf waan humna qabu miti. Abbaan Eebbisaa dhimmaaf manaa bahanis haala qilleensaa uumame keessa

da'atanii waan mana galuu dadhaban fakkaatu. Maatiin Abbaa Eebbisaa balbala qabatanii amma lafti dimimmisaa'ee ijji wal argaa dadhabdutti ulaa eegan. Obboon Eebbisaa kanaan dura manaa bahanii ammana dhiisifatani waan hin beekneef maatiin dhiphateera. Abbaan Eebbisaa garuu osoo hin galiin hafan. Roobatu gala dhorke, tarii mana firaa bulan; boru galuus danda'u jedhanii osuma garaan isaanii raafamuu of jajjabeessan – maatiin isaanii.

Ganama gaafasii yemmuu lafti bari'u Cidiin hoogdii qonnaan bulaa kamiyyuu jijjigee jira. Mukeen gurguddaan halkan gaafasii hundeen garagalanii lafti ciccitee jira. Ursaana bishaanii waan nama baatee deemu fakkaata. Yaa guyyaa sana namuma garraamii akkasii balleessuuf dhuftemoo duruu akkasi? Sanbata xiqqaa eegaa oolan maatiin, hin galle! Sanbata guddaa fira bira bakka ni deemu jedhanii shakkan gaggaafatan, arguu hin dandeenye. Maali ijoo manaa aarii hin qaban, nama waliin wal dhabdee hin qaban maaltu ta'e jedhee maatiin isaanii yaadaan dhudhiman.

* * * * *

Citii fi Gaaddiseen rooba da'eeffachuuf wal utubanii hundee muka laaftoo jala gadi tataa'anis sagaleen qaqawweessaa, calaqqeen samii irraa, dukkanni roobaan deeggaramee

cabbiin, karfaffuu sodaachisaan akka taa'an hin eeyyamneef. Gaaddiseen Citiitti marmite, “Maaloo maal wayyaa eessa deemna dhumnehoo” jettee boochi. Safuu! Amma Gaaddiseen yeroo kaan harka isaayyuu hin qabattu. Amma sodaamoo jaalalatu akka haammattu godheree? Citiin garuu haalli jiru nama sodaachisus akkuma haadha isaa du'as yoo ta'e nama jaalatu duukaa du'uun isaaf gaariidha! Innis haammatee hamma jaalachaa turee fi barbaadaa ture yaada. Garuu haalli ta'aa jiru isayyuu sodaachisaa jira. Osoo isaan dhaabatanii lolaan muka gangalchaa dhagaa gangalchaa cina yaa'uu eegale.

Yemmuus Abbaan Jaalataa loonii fi Citiin hin galu jedhee osuma eeguu homaa galli dhibe. Abbaan Jaalataas, “Ani bade yaa mucaakoo, yaa Citiikoo eessatti duute? Bakka abbaakee bu'een si guddisa jedhee bosona keessatti duutee” jedhee iyyuu eegale. Yaa Abbaa Jaalataa gara-laafessakoo Yaa mucaakoo jedhe malee yaa tikseekoo hin jenne. Eessa jirta jedhe malee loonkoo eessa jiru hin jenne. Dhugaa dubbachuuf loon Abbaa Jaalataa yemmuu mooraatti galan mooraan isaanii dhaaba loonii fakkaata, yemmuu yaa'an waan horiin daldaltuu gabaatti yaa'an fakkaata. Loonuma **Obboo Taayyee** osoo xaaliyaaniin hin saamiin jirtu fakkaatu. Baay'ina isaanii ibsuu barbaadeeni.

Taayyeen eenyu jettee gaaffii sitti hin Uumiin. Taayyeen Ilma Xabaqat Gadaati. Maqaan isaa **Gurmeessaa** ture. Yeroo xaaliyaaniin biyya keenya weeraruu gara beeftii dhufte Taayyeen beeljigii isaatiin xaaliyaanota baay'ee dhadhaa abidda buute taasise. Yemmuus qofaa isaa waan ta'eef jarri loon isaa fi haadha manaa isaa **Daansoo Finiinsaa** fudhatanii sokkan. Haadha manaa isaa hanga dhumaatti cichee lolee harkaa baafatus loon isaa saamanii deeman. Kana irraa ka'uun ijoollee isaa shan kan maqaan isaani armaan gadii waliin maqalee duule.

1. Dinqaa Taayyee
2. Taaddasaa Taayyee
3. Boruu Taayyee
4. Bultoo Taayyee
5. Waaqjedhee Taayyee

Waliin yeroo duulu Gurmeessaan diimaa dheeraa waan ta'eef, “Addis sawu taye (አድስ ሰዉ ታየ)” jedhan. Hiikni isaas namni haaraan mul'ate akka jechuuti. Gurmeessaan Afaan amaaraa waan hin dhageenyeef maqaa kabajaa naaf kennan jedhee maqaa isaa Taayyeetti jijjiirrate. Ilma isaa Dinqaan maqaleetti aarsaa lubbuu yoo kanfalu warra hafan waliin injifannoo galmeessee gale.

Tulluu beeftii irratti namoota waamee korma qalee ilmikoo na biraa kufus biyyakoo irraa weerartuu haleeleen gale jedhee hime. San booda namoonni lama akka lafa isaarra qubatanii qotaniif qubachiise. Isaanis

1. Margaa Badhasee - gosti isaa Innasarbii.
2. Ariitii Turaa - gosti isaa Innaqorrii.

Goota seenaan isaa osoo hin barreeffamiin hafe, Taayyeen, yaa nuyii! Edaa osoo hin beekiin maqaa ofii jijjiiruun jiraa? Lolehoo maaliif aangoo hin qabatuu? Y oo jettee anaa mooji! Oromoon biyyaaf malee tiyyaaf jedhee yoom beeka?

Akkuma Albert Anastaayin gaafa du'a Mahatama Gaandii dhaga'u, "Namni akka Mahatama Gaandii dachee kana irra tureera jennee yoo barreessine dhaloonni boodaan dhufu amanuun itti ulfaata" jedhe nus ilmaan kiyya yoo du'an biyyaaf haa du'an jechuun ilmaan isaa shan fudhatee duule. Taayyeen maqaa dhaloota isaa osoo hin beekiin jijjiirrate. kanaaf waa'ee Taayyee dhalootatti yoo himnu yookaan barreesinu amanuun itti ulfaachuun hin hafu! Seenaan Taayyee gabaabinaan kana fakkata. Baay'ina loowwan Abbaa Jaalataa kan Obboo Taayyee waliin walitti fakkeesuuf jedheen kaase.

* * * * *

Abbaan Jaalataa iyye hamma sagaleen isaa danda'u Citii, Citii, ... jedhee waame. Namni owwaatu dhibe. Yaa gara laafummaa! Rooba sana keessa ka'ee dibaabee fudhatee barbaaduuf yoo bahu...

* * * * *

Abbaan Eebbisaa maatiin karaa eeguu jalqaban ijoolleen isaanii dhihoo fi fagoo jiran waliif bilbiluun (dhaamsa waliin gahuun) barbaacha cimsan. Dilbata galgala naannoo sa'a 1:00 maatiin barbaadanii dhabnaan iyyan. Biyyi naasuun weeraramee maaltu ta'e jedhanii birmatanii gaafatan. Abbaan Eebbisaa akka gaafa jimaataa manaa bahaniifi akka barbaadanii arguu hin dandeenye dubbatan. Biyyi hoofuu (safuu) jedhe. Kaan waaqa kadhate, kaan karaa danda'u maraan fira halaalaa irraa iyyaafachuu jalqabe. Uummanni ni jeeqame. Maaliif hin jeeqamu nama isaa dhabehoo, sanuu nama beela'aaf laatu, nama dheebotaa obaasu, kan sangaa hin qabneef nama sangaa kennu, isa sa'a hin qabneef nama sa'a kennu, nama ijoollee isaa barsiisee biyyatti ba'aa akka hin taaneef bu'aa biyyaaf buuse dhabehoo.

Naasuun fuula nama kamirraayyuu ni mul'ata. Uummannis boru barii ka'ee akka barbaadu walii gale. Garuu namni Abbaa Eebbisaa biraa lafa qotu, "Gaaf jimaataa sana galgala naannoo sa'aatii 1:00 mana isaanii gahuuf tilmaamaan

fageenya kiilomeetira lama haferratti argeen ture” jechuun uummataaf eeruu kenneera. Sinan gaggeessa jennaan, “jaarsi mala beeka suuta jedheen gala lakki nan gaggeessiin anuu gala” naan jedhan jedhee dubbate. Uummannis kanarra dhaabbatee ganama bakka shakkamu barbaaduuf walii galee hundumtuu yaadaan bade.

Kaan, “maalii qarshii isaaniin bitanihoo, sanuu itti gurguranii ka'anii lakki sitti hin gurgurre jedhaniin” jedhu. “Qarshii ofiin bituun haqa ofii dhabuun badiif yookaan du'aaf nama saaxilaa?” jedhu. Kaan immoo, “dhiisi garaa isa kamiin akkas gooti, arginakaa eenyu du'ee eenyu taa'a?” waliin jedha. Akkas taanaan namni shakkamu jira jechuudha. Eeyyeen jira, namni shakkamu jira.

Obboo Sobbooqaan ilma Margaa Badhaasee fi yemmuu dargiin “maret la arash (መሬት ለአራሽ)” jedhu lafa Taayyee Xabaqat kan fudhatee fi nama naannoo Abbaan Eebbisaa jiraatan jiraatu ture. Gaaf tokko ganamaan gara mana Abbaa Eebbisaa deemanii, “Lafakoo bakka Oborraadhaa qabu dur kan akakkayyuu keessanii kan obboo Taayyee ture gaafa mootummaan dargii ‘maret la arash’ jedhuun fudhadhe. Kanaaf koottu lafa kana narraa biti ani Liqii fi qusannoo mootummaa irraa waanan liqeeffadheef waanan deebisu dhabeen jira. Cimaada sangootakees waggaa baay'ee naaf

eegatte waanan siif kennu hin qabu. Attillee naaf obsiteetta, mootummaan naan obsu, lafti kun sidha ilaallata bitadhu. Humnas jechuun qarshii qabda lafa akaakayyuukee of hin dabarsiin” jedheen.

Haati Abbaa Eebbisaammoo Dammee Kumaa jedhamti. Kumaa fi Taayyeen ilmaan Xabaqat Gadaati. Dhuguma lafichi lafa seenaati. Hamma yoommiitti lafaaf jedhee namni wal fixaa? Lafa namni nyaatee hin fixu nyaattee nama fixxi. Dubbiin lafaa lafeedha, dhalootaaf hafa. Lafti abbaan du'us ilmatti darba.

Waa'ee lafaa yoo kaasan Oromoo tuulamaan yaadadha. Tuulama qofa miti Oromoon waan dhabe waliin dhabehoo osoo daangaa biyyaaf lafeen keenya cabuu qe'eedhaa saamannee Finfinneen osoo Addis Ababaa hin taane, osoo minilik harreen hin dhufiin keenya ture. Har'a hoo? Ana mooji! Tokko maqalee duulee miilaan yookaan lafoo isaa Finfinnee deemee gibira gabbaraa osoo jiruu dargiin biyya raajii godhe. Ayii! haa ta'u maal godhu?

Abbaan Eebbisaas tole jedhanii jaarsolii naannoo waamani gatii lafa sanaa tilmaamanii walii galtee raawwatan. Akka walii galtee isaaniitti gurguree yoon hin gurgurre jedhe nan adabama jechuun bakka ragaan jirutti waliif mallatteessan. Garuu oolee bulee lafti kan mootummaati hin bitamu hin

gurguramu. Labsii mootummaa fayyadamuun obboo Sobbooqaan qarshii fudhatanii ka'anii gaabban. Walii galteen sunis diigame. Yaa nama maalii akka gaafa fudhatuu yoo ta'e!

Gaaf duraas ofiif waamee qarshii nyaate. Amma maaliif gaabba? Erga gadaan cabee hundiyyuu cabe. Dur bara gadaan bullu namni safuu hin cabsu. Amma garuu seerri yoo deeggare haadhoon haadhoo isaa qalee nyaata. Obboo Sobbooqaan ni gaabbe, gurguree hin gurgurre jedhe. Abbaan Eebbisaas ni dhiisan. Garuu shakkiin uummataa kana ture. Sanbannis bari'ee, uummani wixata barii ka'ee Abbaa Eebbisaa barbaachatti ka'e.

* * * * *

Abbaan Jaalataa akkuma karra baheen dibaabee isaa qilleensi harkatti caccabse. Karfaffuun darbatee kuffise. Lolaan karaa mana isaa yaa'u kuffisee harkisa. Garuu abdii kutee gara manaa hin deebine. Ni kufa ni ka'a dukkanaa, roobaan bubbben, cabbii fi lolaan wal'aansoo qaba. Citii barbaaduu eegale. Yaa Abbaa Jaalataa, dhuguma hiriya obbo Xiiqiiti. Yeroo inni fuulduratti deemu osoo hin beekiin lolaan kuffisee gangalcha. Huccuun isaa hundi dhoqqee fi bokkaan badeera. Safuu humna bishaaniif. Abbaa Jaalataa kan kuffise dhugumaan bishaan humna qaba. Achumaa urgufatee ka'a,

ni aara maali cubbuu bara meeqaan baasaa jira yaa rabbii Citi eessattin barbaada, eessatti du'e, bakka jirutti naaf eegi yaa waaq jechaa dukkana, lolaa fi roobaan wal'aansoo wal qabaa deema. Lafa fageenyi isaa kiilomeetira sadii hin taane gara sa'aatii sadii deeme.

Maal godharee deemuufuu hin mijatu imaanaatu oofa malee - imaanaa hiriya! Imaanaaf namni lubbuu kenna. Kaan immoo imaanaa maaf eegdaa lubbuu balleessaa oola. Akka ta'u ta'ee huccuu isaa lolaan mukatti darbatee irraa tatarsaasus qaamni isaayyuu mammadaa'us lafa Citiin loon eegu fulleetti ilaalaa abbaan Jaalataa ...

* * * * *

Gaaddiseen sodaattee boochi. Citiin immoo Gaaddisee akka hin boonye jajjabeessus waa'ee loon eegaa jiruu yaada. Jabboonni xixiqqoon dulloonna rooba kana irraa ni hafuu amma lolaan guuree lagatti naqaa laata? Akka namaa harka hin qaban, muka hin qabatan loon bokkaa kana dheensuuf osoo deemtuu gara itti deemtu walaaltee baddii laata? Boolla buutii jedhee keessa isaatti waa'ee loon eegaa jiruu dhiphata. Itti gaafatamummaan akkasi kunoo. Waa'ee waan eegaa jiranii nama yaachisa. Citi qaxalee ilmaa ofiif dhiisee waa'ee loon eegaa jiruu dhiphata. Dhugumaan ati ilma obbo Xiiqiiti. Abbaan isaas ofiif jireenya jiraachuu qabu dhiisee dhugaa

sabakoo hin dhoksu jedhee rasaasa dhugee wareegame. Mucaan waggaa kudha lamaa waa'ee itti gaafatamummaa fudhatee dhiphata.

Har'a meeqa kan harka ol qabee waadaa uummataaf seenee dagate. Citiin waa'ee lubbuu horii eegaa jiruuf yaadda'a. Ofiif du'aa, ofiif bosona, bineensaa fi rooba dukkanaa guutame keessa taa'ee ... Osoo siree irra ciisuu jireenya qannoo jiraachaa waa'ee lubbuu nama du'aa jiruu kan yaadu har'a maaf dhibe? gaaffii kooti. Siifis gaaffii ta'uu mala. kanaaf koottu anii fi atiyyuu gaarummaa yaadna.

* * * * *

Gaaddiseen waan ta'aa jiru amanuu dadhabdee maali guyyaankoo har'aa maaloo, Citii maal wayyaa dhumnehoo, dhumnehoo jetti irra deddeebitee. Citiin garuu waa'een isaa ittii hin mul'atu.

Maali lubbuu hin qabuu mucaan? Lakki dhugaatu galeef du'as yoo ta'e Gaaddisee ishee jaalatu waliin jira. Bokkaan suutua suta caamuu jalqabullee dukkanni isaan marsee bineensi yuusuu jalqabeera. Garuu lolaan inuma yaa'a. Deemuuf namaaf hin eeyyamu. Laaftoo sana jalaa yoo ol ka'an carraa bishaniin nyaatamuu qabu. Kanaaf achuma

harka isaa tokkoon muka qabatee tokkoon Gaaddisee qabatee taa'a. Rabbis kadhata amma beeku. Gaaddiseen maali maatii hin qabduu jett Citiin. Maatiin ishiihoo hin barbaadanii? Maatii qabdi, garuu maal godhu namni kamiyyuu dachee kana irratti dhalachuu isaa malee guyyaa du'a isaa waan hin beekneef carraan ishee maatii malee akka guddattu godheera. Osoo maatii qabaattee mucayyoon waggaa sagalii qoraan guuruu bosona keessa deemtii?

Abbaan ishee haadhashee waliin sirna gaa'elaa osoo hin raawwatiin bakkeetti dhalche. Osoo lubbuun jiruus hin beektu. Garuu harka lafa jalaan ni gargaara ture. Eega lubbuun darbee haatishee jireenyi itti ulfaannaan hanga waggaa jahaatti guddistee abbaankee icciitiidha guyyaa tokko ni barta, akka ati bartuuf haala akka inni siif mijeessu nan beeka har'a sitti hin himu jetteen. Fira ishee kan ta'an warra **Abbaa Giddii**, ijoollee waan hin qabneef akka guddifatani barsiisaniif geessite.

“Ilmookoo kana lafa irrattin sinitti kenne waaqa fuuldurattin sin harkaa fudhadha. Akka abbaaf haadhaa ta'aa guddisaa” jettee itti kennitee ofiif miila Bakar taate. Waan nama ajaa'ibu Abbaan Gaaddisee eenyu akka ta'e namni beeku haadha Gaaddisee qofaadha. Maaliif akka Nadhii Gammadaa dhokate? Anaa mooji! Warri guddisaa jiran fira haadhashee

ta'anis garuu akka firaatti hin ilaalan. Hojii humnaa olii hojechoisu. Hammamuu hojjetu tolchite namni jedhuun hin jiru. Qoraan guurti, bishaan waraabdi, biddeen tolchiti. Tolchitee kaatee harkasheen fudhattee akka nyaattu hin eeyyamamuuf. Kutaa harka haadha hormaa eeggatti. Muu! “haadha dhabuurra haadha dhabduu wayyaan” isheef waan mammaakame fakkaata.

Ilmoo waan hin qabneef jarri waan akkas garaa itti jabaatan fakkata. Waan ilmoon re'ee manaa baateyyuu itti fakkaachaa hin jiru. Sanuu ni dheekkamu, “maal eegdi amma yoonaa osoo roobni hin dhufiin daftee hin galtu turee” jetti Haati Giddii gola keessa naannoftee. **Haatii Giddii** nama Gaaddiseen biratti gudachaa jirtudha. Ganama gaafasii mucayyoon kaatee mana hartee, ibidda qabsiistee ciree fi buna qopheessitee erga xumurtee booda laga buutee bishaan waraabdee, abbaa Giddiif laaqana bakka inni loon eegu geessitee yeroo mana galtu haati Giddii laga qoraaniitti ergite.

Safuu! Osoo gara jabeenyi bifa qabaatee haadha Giddii fakkaata. Ilmoohoo hin dhalchinee maqaa akkasii eessaa fuudhaniin gaaffiikee ta'uu mala. Akkas ture: uummatatu akkas jedhee waama. Maaliif jenaan jireenya hawaasummaa nama waliin jiraachuu hin fedhan. Waan rakkatan yoo nama

gaafatan malee waan namni rakkate nama gargaaruu hin fedhan. Kanaaf warra abbaa Giddii jedhamu. Gaaddisee carraatu geessee isaan harka buuse. Ni baatii laata? Yoo jabaattee baratte mana namaatti haftiiree?

* * * * *

Halkan keessaa naannoo sa'aa 4:00 ta'eera. Hoomaan waraabessaa caraanaa yuusaa Citii fi Gaaddiseetti marse. Mucayyoon naatee iyyitee, "Wayyoo Citii, carraankoo akkan abbaa fi haadha malee ba'aa harka ormaan narratti fe'amu baadhu na taasise. Har'a afaan bineensaa na buuse" jettee boochi. Citiin san dura akka isheen maatii hin qabne hin beeku ture, ni gadde. Mar'immaan isaatu raafame. Ofiifiyyuu maatii hin qabu, waa'ee mucaa maatii hin qabnee dhiphata - yaa Citii! Hoomaan waraabessaa sun akka hin nyaanneef ofirraa kadhachuu jalqaban. Waraabeessi takka ni yuusa takka ni himimsa akka ta'u namaaf hin galu. "Cittoo irratti fanxoo" jedhu mitiiree? Maali carraan ijoollee kanaa ni nyaatamuu laata? rakkoon rakkoo dhalehoo!

Akkas jedhe Citiin, "Waraabuu nurraa gori, nu hin nyaatiin. Kan ati nyaattu siif haa baasu, biyyi kun biyya Xabaqat Gadaa yoo ta'e tulluu beeftiin si kadhadhe nurraa gori" jennaan Waraabeessi kan dura itti marsee jiru toora galee dhiisee qajelee. Waraabeessi Xabaqat Gadaa ni beekamoo?

Eeyyeen ni beeka. Leenciyyuu akkas ture. Xabaqat Gadaa gosti isaa Galaanidha. Akka Aadaa Oromootti gosa hangafa ta'etu qaalloma.

Xabaqat Tulluu beeftii qabatee achirra jiraachaa ture. Yeroos tulluun irreecha qaba ture. **Tulluu Xabaqat** jedhamee waamama. Xabaqat gaggeessaa naannoo sanaa fi gosaa ture. Mala gaafachuuf irreechaaf qalma qalanii ittiin wareega baafachuuf, gosti sun ilma yoo dhalche geessee aammachiisuun maqaa moggaasisa. Jiraattonni naannoo sanaa tulluu beeftii irratti wal gahu turan. Bara sana Waraabessi loon namaa irra deddeebi'ee nyaachaa ture. Kanaaf namoonni gara Xabaqat dhaqanii itti himan. Beekaan kunis tole waaqa irratti kadhanna jechuun akkas jedhee kadhate “Yoon angafummaa qabaadhe, yoo harkikoo qulqulluu ta'e, waaqa kadhadhee nama kabajee jiraadheera yoon ta'e Waraabessi loon nyaate kun loon wajjiin qe'eetti haa galu” jedhee kadhate.

Galgala Waraabuun loon wajjin gale. Namuu hin argine. Ganama yeroo mooraa loonii saaqan Waraabu argan. Iyyanii ajjeesuuf ka'an tiksoonnii fi warri argan. Xabaqat dhiisaa hin ajjeesinaa jedhe. Waraabessa sanaan har'aa kaasii loon hin nyaatiin. Jiraa hin nyaatiin, du'aa hin dhiisiin nama si miidhe haaloo qabadhu nama narraa gori jedhee si kadhate irraa

gori. Amma bakka dhuftetti deebi'i jedheen. Waraabuun lagatti deebi'ee loon nyaachaa turee, loon waliin bulee. Loonis hin dheensine! Safuu!

Oromoon dur waaqa kadhatee dhageessifata. Osoo cubbuun hin baay'atiin waan kadhatuu fi waan dubbatu addaan baasee beeka. Bakka dhaabatee wareege dhaabatee hin kakatu. Bakka dhaabatee eebbise dhaabatee hin abaaru. Murtii dhugaa waliif kenna. Shiraan qarshii firaan dhugaa hin dhoksu. Shugaa waan hojjetuuf waan kadhate hin dhabu. “Waaqni dhugaa dhalche, dhugaan Oromoo dhalchee” jedhama mitiiree? Namni cubbuu hin hojjenne bineensa lagaallee waamee dhageessisa.

Bara kana nutuu wal dhaga'uu dadhabne baramoo namatu jal'ate? Barri maal godhe? Dhaloota dhugaa faana dha'utu dhibeem. Citiin seenaa kana waan beekuuf bineensa ofirraa deebise. Umuriin isaa daa'ima ta'us Citiin yaadni isaa guddaadha. Waan dubbatamu qalbeeffata, waan dhaga'es hojiirra oolcha! Dhaloonni har'aa osoo waan dubbatamu adda hin baasiin dubbachuuf ariifata.

“Nama dubbii jaalatuuf dubbii dhiisu nama midhaan (nyaata) jaalatuuf nyaata dhiisu” jedha Oromoonkoo. Badii dhaloonni har'aa qabu gaafan yaadadhu nan aara; garuu anis of yaadadheen obsa uuma.

* * * * *

Wixataa barii ka'anii kaan gara waa beekaa(qaalluu), Jarsoliin biyyaa wal'gahuun gara abdarittii bahanii waaqa uumaa kadhatu.

Haati Eebbisaas muddannoo tokko qabu ture. Innis balaan konkolaata mudatee ture irraa hafaniiru. Hammaa guyyaa har'aatti guyyaa sana ni kabaju. Isaanis yaadasaaniin yaa rabbi jedhu!

Dargaggeessa, jaarsaa, jaartii, qarree, beekaa dubartoonni hundii namaa kallattii walii kenaanni barbaacha bahan fincaahaa kolbaa karaa lafa obboo Camaada Gurmeessa bu'uun mucucaan wal'ansoo wal qabaa barbaacha oolaniin lagaarraa deemani homa dhabani, beelaa fi dadhabiin jiraatus jaalaala isaaniif qabaniin obsan karaa dabballee bahanii gara mana abbaa Eebbisaatti wal gahan.

Waan haaraa jirus wal gaafatan. Warrii gara waa-beekaa deemaan, “Boqoonqoo mana gajjalla keessa jiru daa'ima barbaachisaa, lubbuniis jiru” jettee jedhan. Kaan gara manasaani gajallaa laga oddoo, kaanis gara qotaa, kaan gara manasaani bukkee(cina) laga Basheetti barbaadan, arguus dadhaban.

Akkaa kitaabni **Ambaa Amboo** jedhu dhugaa bahuttii “*Oromoo keessaatti naannoo jaarraa 18ffaa waa-beekaa yookaan qaalluun naannoo maccaattii warraa Jijjoo Gabataa irrattii mul'atee malee san dura hin turree*” jedha. Qalluun sobduniis jirti. Isheen xibaartuu jedhamti. Kanaaf kan Abbaa Eebbisaaf gaaf wixataa deeman sirrii miti jechuudha. Barbaadanii dhabanii bariitu obboroo akka barbachaa itti fufan kallatti waliif kenanni gara mana mana isaanitti galaan. Hundumtuu abdii waan kute fakkataa. “Osoo lubbuun jiraataniyyuu dhuguma rooba kanarraa hafuu, mee dhiisi an bakkasaanii haa dhabamuu jedhee hidhii xuuxaa...”

* * * * *

Abban Jaalataa ejersaa beeftii gahee lafa Citiin loon eeguu fuulleetti ilaala hammaa sagaleen isaa danda'uu olkaasee Citii, Citii, ... jedhee waame. Citiniis sagalee isaa raadiyoo dhagaa fixe fakkatuu kan roobni fi qorri hollachisuun owwate.

Abbaan Jaalataas deebisanii, “Eessa jirtaa mucaakoo, lubbuun jirtaa?” jedhaniin. Boqoonqoon ejersa beeftii fi gubaalessa gidduu jirtuu guuttee nattii hin siqiin jettee waan iyyitu fakkattu sana irraa ol goranii karaa gubbaa yoo cehuuf jedhan, hoomaan warabeessa sun itti marse. Abbaan

Jaalataas qottoo isaatiin oliif gadi ari'ee keessa darbe. Maaliif akka Citiitti ofirraa hin kadhatuu yoo jettee, uumamaan nama humnaa fi onnee isaatti amanudha, dhifama gaafachuus akka mo'amuutti amana.

Ergaa bara qottuun mana isaattii galee lafa qotuuf qawwee isaa jala gubees qawwee deebisee hin bitanne. Citii fi Gaaddisee bira gahee lachuu ol fuudhe baatee gara manatti galchee ibbidha bobeessiseefi dhadhaan qaamaasanii sukkumsisee, nyaataa harka ijoollee waan qorrii hadoocheef gurshee laateefi raffise. Jabbonni, dulloonnii waan hin galleef ni mar'atti. Ilmaan re'ootaas akkasi!

Abbaan Jaalataa ganameeffatee ka'ee loon barbaachaaf gara lafa loon oolani deeme. Maalii ijoollee hin qabuu? Maaliif kophaa deema, maal godhuu, “Ibiddi daaraa dhalcha” jedha Oromoonkoo. Osoo ijoollee qaxalee akkasaa qabaate maaliif du'a akkasii du'aa? Loon isaa laaftoo bal'aa jalaa kaan argatee, re'ootas randa beeftii jalaa mana **Abbaa Aragguu** Akka isheen bultee dhaga'ee hofaatte gale. Dulloonnii fi sangoonnii dullachi roobaa dheensuuf bowwaa bu'anii walumagalattii loon torba jalaa dhuman. Harrootaa ykn kotte duudaa afur waraabeessi galgala inni bittimsee darbee haaloo qabachuun wareersee jalaa nyaate. Kunis ta'u Abbaan Jaalataa lubbuun Citii ooluu isaatti baay'ee gamadeera.

Loon jalaa dhumtee akka gogaa irraa fudhaniif namoota naannoo sanaa obboo Irranaa Boruu, obboo Hirphasaa Taayyee fi kkf waamuun itti himatan. Namoonnis dhufanii gogaa irraa fudhaniifii “si haa hirphu” jedhaniini buna dhuganii galan. Gogaa sanas gara warra ogeessaa gogaa duugaan (faaqii)tti ergee itillee, Afarsaa, teepha, harkiftuu, hudhaa, garaaftuu, siree teephaa fi kkf hojechiifate. Safuu! Gogaan loonii maal hin taanee!

* * * * *

Gaaddiseen ganama kaatee Citiidhaan, “Citii galatoomi, yommiyyuu sin dagadhu” jetteeni. Innis, “Rakkoo hin qabu, waaqni lubbuu keenya oolcheera. Anis sin dagadhu, baay'een si jaaladha” jedheen.

Obboroon baqaqee lafti ifnaan Gaaddiseen gara mana warra Abbaa Giddittii yoo galtuu haatii Giddii, “meere teephni ittiin qoraan guurruu deemte, dafi akka haatikee si dhaltetti dharii fidi” jettee itti horiite. Muu haadha hormaa! Maalii lubbuudhan бага galte yoo jetteen.

Mucayoonnis boohaa ofirra deebitee gabaa yaatuu gara Gudarii deemuun argiitee duukaa deemuun marfata kolbaatti baate. Miiluma isheen gabaa nyaatuu sana hordofaa dhagaa gurraacha darbitee **tulluu gorfoorraan** magalaa Gudar gad ilaala garasheetti Citii yadachaa sirbaa hawaasni keenya

*"Gudar gudeelchaa bobeessa
daandii hin dabarsu qorraafuu
dubbii qilleensatu odeessaa
wal hin arginu sobaafuu"*

jedhee sirbu yaadacha osoo hin beekiin imimmaan fuulashee loomii diimate fakkaturraa lolaasa deemti.

Yaa carrashii! Gara deemtu hin beektu. Waa'een Citiis sammuushi nyaateera. Gudar naannoo mul'isaan kophee hodhu akkumaa geessen obb W/Masqalitti dhufte. Isaanis, mucaa baadiyyaa ta'uushee fi boohaa deemuu ishee hubatanii, waamani maal akka isheen taate gaafatan. Gaaddiseenis waan taate fi eenyummaashee itti himte. Obboon W/Masqal waa'ee warra Abbaa Giddii bareechanii waan beekaniif carraa mucaa sanaatiif daran gaddan.

Gandaa sana waan ta'aniif, "koottu hin bohiin" jedhanii intala isaanii magaalaa Gudarittii heerumtee jirtuu bira geessanii akka bira teesse barattuu itti himani adaraa itti kennan.

Obboon W/Masqal, Fiixaa Xuurii jedhamu. Nama cimaa fi beekaadha. Sababa Amantaa ortodoksii fudhataniif manni amantaa sanaa maqaa kiristinnaan malee mana waaqaa akka

hin galle waan barsiisuuf maqaa dhalootaa dhiisanii maqaa kiristinnaan waamamu. Yaa nuyii! Maalii maqaan Oromoo maqaa cubbuutii kan mana waaqa hin galleef?

Obboon W/Masqal yeroo warshaa nooraa xaaliyaaniin naannoo Gudarittii bantee akka nama afaan hiikuutti adii fi gurraacha walii galchaa turan. Bara ilmi H/Sillaasee Leul du'ees baalabbaata (abbaa lafaa) yeroo sana waliin mana mootummaa deemuun jabaadhu jedheenii gale.

Gaaddiseen mana intala isaanii galtee barachaa hojii mana keessa hojjechaa jireenya itti fufte. Hamma waan jireenyi fooyya'eef fakkata, yaada Citiitu mar'imaanshee waada malee.

* * * * *

Guyyaan kibxataas barinaan uumanni barbaacha Abbaa Eebbisaa idduma kaleessaa irraa deebi'ee barbaada oolee arguus dadhabee, hunduu, “yaa rabbii maaltu ta'aa jiraa?” jedhee kophaa guungumaa. Barbaadaniis dhaban. Kaan ni booha, kaan dhiisi maal farristaa jirachuu dhabuusanii maaliin beektee boocha waliin jedhu.

Aangoo ifashee biiftuun dukkanaaf dabarsitee kennitee jirti.0
Namni ifaan yookaan tiriikaan malee wal hin arguu ganama
barbaadna jedhanii gargar galan.

Yeroonsaa yeroo meesaa meesanii xaafii facassan ture.
Namni hundi nama hojii dhiisee barbaada, kaan olii gadi
magalaa baadiyyaatti dhaamsa facaasa.

Roobiin bariinaan barbaachaa ittii fufan. Hamma har'aatti
guyyaatu jijjiirame malee jijjiramni biraa dhabamee jira.
Guyyaa har'aa garuu waan rifaasisaa kanatu argaa
dhageettii hawaasaa goole. Barbaada oolanii gara naannoo
sa'a 11:30 hallayyaa ykn qaalaa Nagee karaa ejersaa gogaa
gadii fageenyi hallayyaa kanaa tilmaamaan kiilomeetira
afur ta'u qixa lamaan isaa walakkaatti gadi argani iyyaani.
Gurrii nama hundumaa waan achi dhaggeeffatuuf
battalumatti uummanni birmannaan naannawa hallayyaa
nagee shororkeesse.

Birmatanii dhufaniis karaa biraa doomaan bakka miillii
nama ejjetu tolchaa jajabaa fi daggalattii rarra'aa yeroo bira
gahan ijasaanii amanuu dadhaban. Lubbuun keessaa hin jiru.
Gameessichi abbaan Eebbisaa jaalala uummataa, qaroo
hawasaa fudhatanii uummatatti dugda galaniiru, dachee
jaallatan, seenaa leellisanis gatanii seenaa isaanii qofa
uummatatti dhiisanii godaananiiru.

Uummati iyyanii gadoodan. Baataniis hallayyaa Nagee keessaa baasan. Dhugumaan uumanni ni jaalata. Nama baatanii baasu mitii ofiifiyyuu achi keessaa bahuun hin yaadamu ture. Gafasumaa ol baasani bataskaana kolbaatti awwalanii, firri fagoo fi hiriyaan bahee akka boohee hirmii baafatuuf guyyaa beellamanii itti ergan. Guyyaa sanas hundii yaa'ee, kaan ni boohe... kaan ni dhaadate... jaarsoliin duuti akka malee akka nuttii hin deebineef jedhanii uumaa kadhatan, ijoollee isanitiniis akkumaa abbaa keessanii ta'aa rakkoo keenya beekaa, gaddaa fi gammachuu nu waaliin hirmaadha jedhanii gargar galan.

Ijoolleen isaaniis mana achi jiru fooyyessanii qe'ee abbaa isaanii, bareechanii haadhasaanii magaalaa barbaadan jiraachisuu osoo danda'anii achittii kunuunsaa jiraachuu itti fufan. Kanaafii Oromoon ilmoo akka warqeettii kan ilaaluuf. Maqaa abbaa eeganii jirachuun kabajadhahoo!

Abbaan Jaalatas jireenya mataasa jiraacha maatii fi ollaasaa waliin osoo jiruu dhukkuba akka tasa qabameen gara mana yaalaa dhaqee yaalamuus, fayyuu hin dandeenye. Kanumaan amantaa protestantii fudhatee osoo hin turiin deebi'ee, amantaakoo hin jijjiruu jedhee dhiise gara bataskaana hoolotaa deemee xabalaa akka dhiqatuuf ijoolleesaan na geesaa jennaan didan. Obboleessi isaa fi

soddaan isaa garuu isa geessan. Achittis osoo dhiqachaa jiru lubbuunsaa darbitee reenfi isaas galee bataskaana kolbaatti awwalame. Osoo yaalamee jiraatee ni fayyaa laata? Maalan beeka! Eyyeen “ibiddii daaraa...”

* * * * *

Citiin yaada Gaddiseen guggubachaa eessa akka isheen jirtuu walaluus, barnoota isaa kutaa 8ffaa xumuree mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Gudaritti barnootasaa haleluutti jira. Guyyaa tokkoo osoo mana barumsaa deemaa jiruu Gaaddisee argee ishiimoo ishii mitii jedhee of gaafachaa itti deeme. Gaaddiseenis dursitee Citiikoo jettee itti marmite, boohanii wal sossoban. Barnootasaanii barachaa yeroo mijateef wal arganii wal gorsuu eegalan. Citiin barnoota isaan qaxalee waan ta'eef qabxii olaanaa fiduun yuunivarsiitii **Walloo** galee barachuu eegale.

Gaaddiseenis kutaa 10ffaa barachaa jirti. Jaalalaaf namni ishee hin gaafannee hin jiru. Garuu waadaa Citii yaadatti, halkan gaafasii yaadatti. Kanaaf gurrarrayyuu hin yaa'u waa'een nama biraa. Xalayaan wal dubbisu; yeroo boqoonnaa dhufus Gudaruma ijoollee biyyaa bira taa'ee ishees dubbisaa jabeessaas, fedhii foonii qabatuus, xalayaa abbaan isaa obboo Xiiqiin itti kenne yaadata. Banees hin dubbisne. Barnoota isaas xumuree achumaa yuunivarsiitii

Wallootti carraa leekcharaa dorgomee argachuun barsiisu eegale.

Hamma Gaaddisee waliin bultoo uumee ofiisaa hojii hojjechaa isheemmoo barsiisuu waan barbaaduuf Gaaddiseef yaada kana dhiyeesseef. Gaaddiseenis yaada dhiyaateef gammachuun fudhatte. Irrattii walii galan. Irra caalaatti qaamaan wal arganii sirrittii mari'achuu waan barbaachisuuf isatti hojiin waan baay'atuuf gara lafa seenaa fi biyyaa gootaa walloottii waame. Isheenis Gudar biyyaa Maammoo Mazammir irraa kaatee Amboo qe'ee Daraara kafanii walakaa qaxxaamurtee Finfinnee lafa seenaa obboroon yoo geessuu konkolaataa irraa buute taaksii gara Walloo geessuu qabattee achittii buutee, achirraas gara kamisee konkolaata geessu qabattee imaluu eegalte.

Sandaafaa darbitee shanoo qaxxaamurtee imaluu eegalte. Dabrabiraniis geessee laqanaaf buute. Laaqana fayyadamtee konkolaataatti deebitee imaluu eegaltee. Sirba artist Galaanaa Garoomsaa isaa “*gara walloon deema lubeekoo barbaacha*” jedhuu kan konkolaachisaan imaltootaaf bane dhaggeefachaa imala itti fufte.

Darbabirahanii fi darbasiinaa keessa darbitee teessuma lafa walloo ajaa'ibsiifachaa Caffaa qaxxamurtee kamisee geese. Citiinis waldiyaa irraa gara kamisee dursee dhufuun

yaadannoof warqee mormaa fi qubaa biteefii Hoteela Andinnaatii siree qabee eegaa jira. Achi geessee yoo buutuu eegee fudhatee gara hoteela andinnat deeman. Achi gahanii shaaworii fudhatanii kutaa siree isaani keessa meeshaa isaani keewwatani.

Har'aa oneen wal dheeboochaa turtee waan dheebu baatu fakkaatti. Maaltu ta'uufii laata? Safuu jaalalaa! Citiin hammam akka jaalatu itti himee, Gaaddiseenis himteef. Seenaa darbe hedduu walii kaasanii kana booda fuudhe akka waliin jiraatan himeef. Gaaddiseenis itti walii galte.

Amma wanti guddaa isa hafee fi kan isa dhiphisu xalayaa abbaasaa – xalayaa Obboo Xiiqiiti. Xalayaa abbaan isaa yeroo lubbuun jiru barressee kenneef, “hamma gaafa barnootakee xumurtuu fi hiriya durbaa yoo qabaatte, osoo waan biraa keessa hin galiin banii dubbisiif, kennaas godhii kenniif” jedhe sana banee dubbisuuf dursee seenaa kana himeefii, akka dubbisu eeyyamsiise. Isheenis baay’ee si’aawuudhaan, “Tole dubbisi Citiikoo, ati seenaa kana kaawwachuun waan tokko ani garuu haadhaakoo fi abbaakoo hin beekuu, haadhaa koollee ijoollummaan na gattee, biiftiishi na jala baduus maqaanshii Jeeqituu Fedhsaa jedhamti; Abbaankee iccitiidhaa gaaf tokko ni barta jettee sokkite” osoo jettuu imimmaan ijashee kololaa sana keessaa gadi yaa'e.

Citiinis faana mararfamaa offitti qabee imimmaan ishee irraa haxaa'ee luuccaa mataashii susukkumeeffii callisiisee dubbisuuf xalayaa waggaa 13 ol maramee taa'e hike. Akkas jedha, ...

“kabajamaa fi qaxalee ilmakoo Citii, xalayaa kana yeroo dubbistu miira keessa hin galiin. Anaanis maaliif hanga yoonaa na dhoksite, harmeehoo maaf dhoksite jettee hin yaadiin. Ani kanin hamma yoonaa si dhokseef akka bultoon haadhakee waliin ijaare hin digamneefi. Haatikee yoo kana dhageesse bultiin keenyaa haa diigamu jetti. Kun yoo ta'emmoo siif guddinaakeef sirrii miti. Kanaafi Citiikoo haatiikee si deessee kaatee kana booda dhukkuba onnee waan qabduuf yoo deesse du'uu dandeessa jedheen manni yaalaa. Anis akka ati qophaa hin hafneef dubartii Jeeqituu Fedhasaa jedhamtuu waliin sirna gaa'elaan ala walitti dhufnee mucayyoo dubaraa tokko naaf deesseetti. Obboleettii tokko qabda jechuudha. Gargaaraan jira dhoksaadhaan. Kanafuu atis fuudhaan dura obboleettiikee kana barbaadii argadhu. Yoon jiraadheef walin sin barsiisa; yoon du'eef dursa ishee barbaadii wal bari. Haadhooke akka taates himiif. Kun galfatadha; atimmoo dhalakoo waan taateef galfata hin nyaattu. Namni ati jaalatte

*hiriyaanke ke kunis qaxalee akkakee yoo taate obboleettiikee
si waliin ha barbaaddu*”

Jedha. Lachuu waan ta'e wallalanii abjuu keessa waan jiran itti fakkate. Imimmaanii fi dafqaan waan qaama dhiqatan fakkataa. Haadhootu wal fuudhuuf jira ture osoo Citiin ariifataa namaa ta'ee. Maaltu ta'aa laata? Osoo waadaa yookaan imaana abbaasaa hin eegne ta'eehoo?

Osoo Gaaddiseen imaanaa Citii eeguu baattehoo? Imaanaa eeguun salphina nama oolcha! Kennaa biteef kenneefi xalayichaas kennaa godhee kennefii jabinaa fi bilchina abbasaa ajaa'ibsifachaa, osoo har'a jiraattee abbaakoo jedhee boohe. Gaaddiseen is waliin boochee waumaanis wal sossoban.

Bagumaa Xiiqiin nu dhalcheyyuu jetteen Gaaddiseen. Itti dabaltees, “haatikoo rakkina hamaa kana keessaatti na gattee jedhus tarii maal beeku rakkattee ta'a, gaaf tokko nan arga” jetteen. Citiinis, “Eeyyee obboleettiikoo, abbaankoo addunyaa kana irrattii sidha naaf dhiisee deeme. Si waliin hamaas haa ta'u gaarii nan hirmaadha; harmee kees gaaf tokko ni arginaa” jedheen.

Gammachuun isaaniis daangaa dhabee, irbaata nyaatanii jaalala obbolummaan wal hammatanii bulan. Ganamaa sanas achuma ooluu murteessan. Ciree nyaachuuf bari'ee hoteeluma sana osoo taa'anii maanguddoon tokko teessee jirtii argan. Citii fi Gaaddiseen haasawaa jiru ture. Isheenis haasawaan isaanii loqoda shawaa akka ta'ee fi gammachuu fuulasaniirraa ilaala, “Dhiifama ijoolleekoo, isin eessa wal haa barruu?” jetteen.

Citiniis kolfaa, “Eeyyeen, wal baruu dandeenya harmee” jedheen. Ittii aansuun, “nuyi Oromoodha” jedheen. Jaartiin kolfaa, “Eessaaree naannoon keessan?” jetteen. Gaaddoon harka fuutee, “Nuyi Amboodha” jetteen. Akka nahuu taatee, “Amboo naannoo kam?” jennaan, “Gudar biyyaa Maammoo Mazammir. Ani Gaaddisee Xiiqiin jedhama, haatiikoo Jeeqituu Fedhasaa jedhamti. Ijoollummaan na gatte bade” jetteen.

Itti fufuudhaanis, “Kun immoo Citii Xiiqii jedhama haadhookoo abbaankoo naaf gumaacheedha” jetteen. Yeroos jaartiin teessoorraa kuftee gagabde. Jeeqituu isheedhuma. Gara mana yaalaa deemtee sa'aa 4:00 booda of barte. Xiiqii fi Gaaddisee hammattee akka haadha Gaaddisee taates himteef.

Hoteelli andinnat akka kan ishee ta'eefii, maqaa ilmasheen jiru himteef. Andinnat obboleessa Gaaddisee Addee Jeeqituun walloo kamiseetti deessee fi Abbaan isaa sababa Oromummaa isaaf wareegamedha. Andinnat jettee kan moggaafteefis hiikaa lamaafi. Tokkoffaa obboleettiinkee Gaaddisee Xiiqii Ambootti dhalattee jirti, kanaaf haadha tokkorraa dhalatan jechuu feetetu. Lammaffaa Amboo deemtee wallootti heerumuusheen tokkummaa jechuu isheeti.

Andinnatis kaasharii hoteela sanaa ta'ee hojjechaa jira. Isaa fi harmeesaa qofa. Hunduu wal baran. Addee Jeeqituun takka ni boochi, takka ni kolfiti. Miirri akka guyyaa har'aa kun waan itti dhagahamee beeku hin fakkaatu. Ciniinsuu seenaa intala ishee dhoksaa jiraatte, miira yakkamtummaa intalashee gattee biyyaa baateen osuu of dhaanaa jiraattuu taatee guyyaa tokkoon akka jireenyishee jijjiirameetti fudhattee miira gammachuu keessatti liqimfanteetti.

Maatiin isaanii marti nagaa dhumaa dhaammatanii godaananis warri hafan wal baranii jiru. Gaaddisee fi Citiin adeemsa dheeraa booda, hawwiin jaalala isaanii daandii jijjiirratee obbolaa ta'anis Aandinnat haadhoo isaanii fi harmee Gaaddisee argatanii jiru. Isa yeroo hundaa Gaaddiseen yaaddee boochu, kan Citiinillee duukaa boo'e

harmeen Gaaddisee argamuun Citii fi Gaaddisee akka malee gammachiiseera. Jireenya haarawaa akka eegalaniifis abdii fi kutannoo horeefiira.

Dhuguma haadhoon keenya walloo jira. Oromoon walloo Oromummaasaa haalee hin beeku. Barbaadee wal arga, argees wal bara! Kanaafi innii, “Oromoo wal agarsiisan malee wal hin barsiisan” jedhuuf Oromoon.

Gaaddisee fi Citiin Gudarii fi Walloo gidduu deddeebi’aa dachee Oromiyaa bal’oo keessa burraaqaa jireenya isaanii itti fufan!

XUMURAMEERA!

BARREESSAA KITAABICHAA

Barreessaan barruu kanaa Fayyisaa Hirphasaa Taayyee jedhama. Godina shawaa lixaa, Aanaa Tokkee Kuttaayyeetti dhalatee kan guddate yoo ta'u, ogeessa Hardware Network service(HNS), akkasumas ogummaa konkolaachisummaa kan qabudha. Fayyisaan nama barruu fi barreessaa leellisu - nama aartiiti.

Telegram: @fayyoofayyoo

Facebook: Fayyisaa Hirphasaa Taayyee

Bilbila: +251 92 718 4417 / +2519 12 27 1432

BAKKEEWWAN BARRUU KEESSATTI MAQAA DHAHAMAN

Kun Tulluu Gorfooti. Suuraan kun magaalaa Gudar keessa dhaabachuudhaan fageenyarratti kan kaafameedha. Daandiin tulluu Gorfoo jala baasu daandii qaxxaamura biyyaalessaa isa guddaa, handhuura biyyaattii Finfinnee keessa baasee hanga lixa Oromiyaatti gadi fulla'udha. Namoonni daandii guddaa kanarra darban hundi carraa ijasaaniin arguu argataniiru. Yeroo ammaa kana dhiibbaa garaagaraan miidhamaa kan jiru yoo ta'u, jiraattonni naannichaa kunuunsa barbaachisu akka godhaniifan dhaama. (Suuraan marsaa hawaasaarraa fudhatame)



Tulluun duuba sanarraa mul'atu kun Tulluu beeftii kan jedhamee kitaaba kana keessatti irra deddeebiin waamamedha. Suuraa kanarratti kan argaman barreessaa kitaabichaa Fayyisaa Hirphasaa fi Ifargan Guddataadha. Yeroo ammaa kana tulluu sana gubbaarra qe'ee ayyaantuu Obboo Gaaddisaa Boruutu jira. Qe'een ayyaantuu kun kan Xabaqat Gadaa ture. Xabaqat Gadaarraa Boruu Taayyeetti kan darbee turee fi yeroo ammaa immoo Gaaddisaa boruun kan bulfamaa jirudha. Suuraa kana Ifargan waliin yeroo qe'ee sana daawwachuu deemne kaane (bara 2020 G.C.)